# COVID-19 fi
# Ulfa

Yoo ulfa taatan dhukkuba cimaa COVID-19 irraa dhufuuf saaxilamummaan keessaan guddaa ta'uu mala. Yeroo ulfaa keessanitti fayyaa keessan eeguu fi COVID-19 irraa of eeguuf gorsi muraasni kunooti:

**Ogeessa eegumsa fayyaa keessan waliin** yeroo ulfaa akkamitti fayyaa ta'uu fi of eeggannoo akka gootan haasa'aa. Yoo ogeessa eegumsa fayyaa hin qabdan ta'e, buufata fayyaa hawaasaa naannoo keessaniif yookiin muummee fayyaatti bilbilaa.


**Yoo kanneen kana gadii qabdu ta'e 911 irratti bilbilaa:**

- Rakkoo harganuu (yeroo ulfaa kan isiniif baratamaa ta'e caalaa)
- Dhukkubbiin yookiin dhiibbaa laphee keessaa walitti fufaa ta'e
- Tasa jaanja'uu
- Namoota biroof deebii kennuu dadhabuu
- Hidhiin yookiin fuulli cuquliisa ta'uu

**Hamma danda'ametti naannoo namoota biroo ta'uu irraa fagaadhaa.** Yeroo namoota biroo wajjiin yeroo dabarsitan, faana 6 fagaachuu fi haguuggii afaanii fi funyaanii uffachuu qabdu.

**Gara** beellama kunuunsa dahumsa duraa hunda **deemaa.**

Yoo xiqqaate dhiyeessii qorichaa kan guyyoota 30 qabaachuu keessan **mirkaneeffadhaa.**





**Ji'a ulfaa keessan isa dhumaatti namoota biroo irraa fagaachuuf of eeggannoo dabalataa taasisaa.**

Yeroo namoota bira jiraachuu dirqamtan, haguuggii afaanii fi funyaanii uffachuudhaan namoota biroo irraa faana 6 fagaadhaa.



January 2023 | DOH 141-075 Oromo | Galmee kana bifa biraatiin dookumentii kana gaafachuudhaaf, 1-800-525-0127 irratti bilbila. Maamiltoota dhagahuu hin dandeenye yookin dhagahuudhaaf baay'ee rakkattan yoo taatan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookin civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.